Mootummaa Federaala Dimokiraatawaa Rippubliika Itophiyaatti Karoora Misooma Waggaa 5 (1998 - 2002)

Sanadii Hubannoo Qaamolee Isaan Ilaallatuu (Stakholders)

Cimsuuf Gabaabaatti Qophaa'e (Popular Version of PASDEP)

Poverty Action Network of Civil

Society organizations in Ethiopia (PANE)

Mudde 2000

Finfinnee

1. Seensa

Gama waldaalee sivilii Itophiyaa walta'anii hojii hiyyuma hir'isuu irratti bobba'anii/socho'anii (PANE) tiin hubannoo kanneen hiyyuma hir'isuu fi adeemsi misooma wal irraa hin citne isaan ilaaluu fi qaamota hawaasaa dhimmicha irratti gahee qabanii fi qaamota raawwattuu garaagaraa guddisuuf sanadii (arshammee) gabaabaa kana qopheessuun barbaachisaa ta'eera. Keessumattuu arshammichi xiyyeeffannoo kan kennu yeroo ammaa murtiileen siyaasaa, bulchinsaa fi dinagdee kan itti kennamani fi hojii irra ittiin oolaman gulantaalee bulchiinsa caasaa gara gadii tiif dha. Sirna Federaalaa waliigalatti biyyattiin hordofaa jirtu fi keessumattuu sirni bulchiinsa fiskaalii hin waalta'inii murtii kennuun giddu-galeessaa irraa gara gulantaalee bulchiinsa dhimmichi ilaaluutti akka bu'u taasiseera. Kanaafuu sanadiin gabaabbatee qopheeffame kun sadarkaa gara gadii irra kan jiran qopheessitootni karooraa, raawwachiiftotni fi qamoleen biroo imammata fi tarsiimoo biyyattii haala quubsaa dhaan akka hubatanii fi yeroo qophii karoora misoomaa keessattis ta'e yeroo hordoffii akka ka'umsa bu'a qabeessaatti akka itti fayyadamanitti haala mijaa'aa uuma amantii fi abdii jedhu qabna. Sagantaan bulchiinsa hin waalta'in hundeessuu marsaa lammaffaa bajata waggaa 1995 irraa eegalee bajata aanaalee qopheessuu fi ramadduu dhaan aanaaleenis bajata ramadameef akka bu'ura fedhii misoomaa isaaniitti tartiiba baasanii akka ramadani fi itti fayyadamanitti aangoon kenneeraaf.

Kaayyoon muummichi (guddichi) barreeffama gabaabaa kanaa hiyyuma dhabamsiisuuf karoorri qophaa'e inni saffisaa fi itti fufiinsa qabaatu kan misooma waggaa 5 (PASDEP) bifa hojii irra oolchuu fi hordofuuf mijaa'uun akkaataa dhiheeffama isaa itti fayyadamtootaaf ifa taasisuu dha. Barreeffama kana keessatti maalummaa karoora waggaa 5 haala gabaabaa dhaan qopheessuu dhaan barbaachisummaa karoorichaa, yaadota ka'umsaa, kaajjolee fi tarsiimolee gurguddoo gabaabaatti ibsuuf yaalameera.

2. Ka'umsa karoorichaa, Karooraa fi Tarsiimoolee Gurguddoo

2.1. Ka'umsa Karoorichaa

Karoorri misooma waggaa shanii inni ammaa kan karoorfame, karoora waggaa shanan darbanii kan bara 1995 amma/hanga 1997tti hojii irra oolee sagantaa karoora misooma wal irraa hin cinne fi hiyyummaa hirrisuu (SDPRP) kan bu'uura imaammata (poolisii) fi tarsiimoo irratti hudaa'ee ti. Yeroo ammaa mullati Itoophiyaa "waggootii digdamaa fi soddoma dhufan keessatti Itophiyaa fedhii fi hirmaannaa ummataa tiin demokiraasii fi bulchiinsi gaariin keessatti hundeeffame, haqni hawaasaa kessatti kan hundee godhate, huyyuma keessaa baatee galii waliigalaa kan argattu dhugoomsuu dha." Karoorri kun karoora galma misooma jaarraa kanaa (MDGs) ga'uuf tajaajilu karoora misoomaa fi hiyyuma hir'isuu waggaa 5 isa jalqabaa ti. Diinagdee ilaalchisee mul'atni biyyattii kanneen armaan gadii lafa kaa'ateera:

- Qonnaa ammayyaa sadarkaa teekinoolojii oomisha olaanaa irra ga'e fi industrii dinagdee keessatti sdarkaa shoora hogganaa qabaachuu danda'u irra ga'e kan ijaarte;
- Misooma diinagdee haqni keessatti mirkanaa'e kan itti fufiinsa qabu kan qabdu; fi
- Galiin waggaa nam-tokkoo lammii biyyattii toora biyyootii sadarkaa guddina giddu-galeessa qabanii akka ga'u gochuu.

2.2. Kaayyoo karoorichaa

Kaayyoon karoora misooma kanaa inni guddaan guddina dinagdee ariifachiisuu fi itti fufiinsa akka qabaatu gochuu dhaan ummatni sadarkaa adda addaatti itti fayyadamaa ta'uu fi yoo xiqqaate galma misooma jaarrichaa fiixaan baasuuf kan dandeessisan bu'aawwan misoomaa amansiisaa ta'an akka qabaatu gochuu dha.

2.3. Tarsiimoo gurguddoo karoorichaa

Tarsiimooleen karoora misoomaa waggaa shanii Itoophiyaa kallatti dhimmoota gurguddoo armaan gadii irratti kan xiyyeeffatni dha.

A) Ijaarsa dandeettii raawwii qixa hunda hirmaachisu;
B) Guddina diinagdee saffisaa, bu'urri isaa bal'aa fi fufiinsa qabu dhugoomsuu;
C) Kallattii guddinni baayyina uummataa fi guddinni diinagdee wal simsiisfamu hordofuu;

D) Haala mijaa'aa waliigala dandeettii dubartootaa Itoophiyaatti fayyadamuu dandeessisu uumuu;

E) Caasaa misooma bu'uura biyyattii jajjabeessuu fi baballisuu;

F) Misooma humna namaa cimsuun itti fufuu;

G) Hiree hojii uumuu; fi

I) Sodaa fi tasgabbii dhabuu balaaf saaxilamuun fidu ittisuu fi irra aanuu

2.3.1. Dandeettii raawwii hundaa ijaaruu

Mootummaan dandeettii raawwii kan adeemsa ijaarsa dimokirasiif ka'unsa jedhee itti amaneef imammtoota fi tarsiimota kanneen tarsiimota misoomaa waliin deemu deemaa qopheessuu dhaan karaa itti cimanii fi itti fufiinsa qabaatanitti qajeelfamoota hojii baaseera. Kaayyoo kana galmaan ga'uufis dhaabbilee dimokiraasii jajjabeessuu, Siviil sarvisii fooyyessuu fi sirna haqaa sirreessuun gumaacha guddaa aka qabaatu itti amanameera. Ijaarsi dandeettii sadarkaa aanaa, guddinni odeeffannoo fi qunnamtii teekinolojii fi hojii ijaarsaa deeggaruun kana jalatti kanneen hammatamani dha.

2.3.2. <u>Guddina dinagdee saffisaa, bal'aa fi fufiinsa qabu dhugoomsuu</u>

Guddina ariifachiisaa, bu'ura ballaa qabuu fi fufiinsa qabu ariifachisuuf wantoota gurguddoo lama irratti xiyyeeffannoon ni godhama. Isaanis:

- ❖ Misooma qonnaa isa gabaa irratti hundaa'ee; fi
- ❖ Guddina kutaa diinagdee hojii dhuunfaa saffisiisuudha.

A) <u>Misooma qonnaa kan gabaa irratti hundaa'e saffisiisuu</u>

Misooma qonnaa kan gabaa irratti hundaa'e saffisiisuuf kanneen armaan gadii ga'ee murteessaa qabu:

- Daandiilee qonnaa fi gabaa wal quunnamsiisanii fi bonaa fi ganna tajaajilan baasuu (ijaaruu);
- Qonnaan bultoota hoomisha xiqqaaf (sadrkaa gadi aanaa irra jiraniif) liqii tajaajila misooma qonnaaf oolu kennuu baballisuu;

- Haala qilleensa biyyattii adda addaa kan mullisan misooma kutaalee/godinaale bakka bu'ani fi qonnqqleen ammayyaa garaagaraa tiif tajaajila mala qonnaa (extension) kennuu;
- Sirna bittaa gurgurtaa/hojii fudhatama biyyoolessaa qabu fi gabaa alaatiif kan dhihaatan midhaan (akka mi'eesituu, abaaboo, kudraa fi mudraa fi kkf) oomishuuf kan gargaaran bu'aalee/pakejoota (packages) mijaa'an qopheessuu;
- Jallisiilee waliigalatti fayyadamuudhaan misooma bone babalisuu;
- Dhiheessa xaa'oo fi sanyii filatamoo fooyyessuu;
- Tarkaanfilee wabii qabiyyee lafaa (abbaa lafaa) mirkaneessuuf gargaaaran fudhachuu fi bakkeen mijatan irratti lafoota qonnaalee babalaaf ta'an qopheessuu;

B. **<u>Guddina diinagdee kutaa hojii dhuunfaa saffisiisuu</u>**

B1). Kaka'umsa nama dhuunfaa dabaluudhaa fi gara hojiitti isaan hawwachuudhaaf dhaabbilee tajaajilaa cimsuu;

- Haala hayyamni hojii itti kennamuu fi deemsa si'aa'ina hojii fooyyessuu;
- Sirna to'annoo cimsuudhaaf haala mijataa uumuu; kanaafis gama abbaa qabeenyummaa mirkaneessuu tiin adeemsa murtii fooyyessuu; sirna dorgommii bilisa ta'e diriirsuu fi raawwaaii waliigaltee kotiraataa mirkaneessuu;
- Kutaa faayinaansii fooyyessuudhaan kaappitaala (dilboo) fi maallaqni hojii geggeessaa akka dabalu gochuu;
- Kutaan hojii dhuunfaa hojiilee haala gaarii fi ciminaan hojjechuu danda'u sadarkaa sadarkaadhaan mootummaa irraa gara dhuunfaatti dabarsudhaan wal dorgommi cimsuu;
- Haala sochiilee investimantii fi daldalaa cimsuun itti fufiinsa wabii qabeenyaa abbaa lafaa fooyyessuu;

- Caasalee misooma bu'uraa jajjabeessuu fi babalisuu;
- Barumsa sagantaa ogummaa fi tekiniikaa haala gaariidhaan baballisuu dhaan dandeettii ogummaa hojjettootaa fooyyessuu; fi
- Diinagdee xixiqqaa biyyaa (Micro Economics) tasgabbeessuu, haala sharafaa wal-simsiisuu dhaan dabaliinsa gatii meeshaalee to'achuu (dhaabuu).

B2). **Carraa gabaa alaatti fayyadamuu**

Gama kanaan galma eegamu argamsiisuuf turizimii baballissu; qabeenya beeyiladaairratti qulqullima irratti xiyyeeffachuu dhaan haalaan gaa'aa dhaan misoomsuu; kudraa fi mudraa fi abaaboo qulqullinaa fi baayyinaan oomishuu; jirbiin/carqii adda addaa fi uffata/uccuu, agro industiriin akka babalatanitti gargaaruu fi misoomni albuuda akka adeemsifamu gochu.

Yeroo karoorri kun itti dhumutti (bara 2002) galiin daldalaa alaa gara galma yaadfameen, jechuun oomisha waliigalaa biyya keessaa irraa gara %15-20 tiin ga'uuf jabaatanii hojjechuu.

C. Tarsiimoo haala teessuma lafaa irratti hundaa'e ordofuu

Qisaasama qabeenyaa ittisuu fi hojiilee misoomaa bu'a qabeeyyii hojechuuf goninaalee misoomaa haala teessuma (qileensaa akkaataa taa'umsa lafaa) lafaa tiin hiruu dhaan sochiii oomishaa bakkootii sanaaf mija'an irratti bobba'uu.

D. Ajandaa gurguddoo misooma magaalaa fi qindoomina (hidhata) magaalaa- baadiyyaa cimsuu

- Bulchiinsa mana qopheessaa fi dhaabbilee bulchiinsa biroo jajjabeessuu;
- Ijaarsa bu'uura misooma magaalotaa barbaachisoo ta'an irratti maallaqa ramadanii hojjechuun misooma saffisiisuu;

- Maddeen balii baajata mootummaa irratti dhiibbaa hin goone kanneen biroo barbaadanii itti fayyadamuu;
- Bulchiinsaa fi kenna lafa magaalaa itti fufiinsaan fooyyeessuu. Gochi kun kaka'umsa hojii daldalaa uumuu irra taree wabii mirkaneessuu dhaan maatiiwwan qabeenya akka horatan kakaasuu danda'a;
- Bakkoota magaalaa indistriif mijatan baballisuu.Walitti dhufeenya magaalaa fi baadiyyaa jajjabeessuu fi qindoomina isaanii itti fayyadamuun hojii hiyyummaa hirisuu irratti ni gargaara. Deemsa kana keessatti gabaa walitti fiduun jijjiirraa humna hojjetaa bilisa gochuuf carraa madda galii Magaalotaa fi baadiyyootaa naannoo magaalaa jiraniif banaa gochuun barbaachisaadha.

E. Naannoo horsiisee bultootaaf xiyyeeffannaa addaa kennuu

Naannoolee torban Itoophiyaa keessa horsiisee bultoota hanga miliyoona 12 - 15 ga'antu jiru. Horsiisee bulaan bakka tokko qubatee waan hin jiraannee fi tajaajila kennuu irratti waan hin mijanneef hiyyummaan bakka kam irraa iyyuu caalaa isaanitti hammaataadha. Kanaafuu, karoorri kun keessumattuu xiyyeeffanoo addaa isaaniif qopheesseera. Barumsa ilaalchisee haala jireenya isaanii wajjin kan deemuu fi kan wal simu malii kennaa barumsaa qofaatti isaaniif akka qophaa'u ni godhama. Gama eegumsa fayyaatiin tajaajilli bakka- bakkatti sosochou ni qophaa'aaf. Tajaajila fayyaa beelladaaf, horsiisa horiif bittaa fi sirna akeekkachiisa duraa irratti qophiin addaa taasifamaa jira.

Tibba bonaaf tajaajilli bishaanii naannoo isaaniitti ni babalata. Daandii, quunnamtii Boonee Xixiqqaa fi ijaarsa bu'uura K.K.F. hundeessuu dhaan jireenya isaanii fooyyessuu irra darbee namoota gara fuulduraatti bakka tokko jiraachuu barbaadaniif tajaajila adda addaa akka argatan ni godhama.

2.3.3. <u>Guddina baayyina uummataa fi guddina diinagdee wal simsiisuu</u>

Poolisii fi tarsiimoo to'annaa baayyina uummata biyyoolessaa hojii irra oolchuudhaaf tattaaffii godhamu cinaatti tajaajilli qusannaa maatii jabaatee

itti fufa. karoorri kun barnoota shamarraniif barmaatiilee miidhaa geessisan irratti xiyyeeffannaa guddaa kenna

2.3.4. Haala mijaa'aa waliigala dandeettii dubartootaa Itoophiyaatti fayyadamuu dandeessisu uumuu

- Kaayyoon karoora kanaa dubartoonni baayyeen baratanii bara dhuma karoora kanaatti dhiiraan akka qixxaatan gochuudha.
- Eegumsa fayyaa dubartootaaf hojjettoota fayyaa amma araddaatti bobbaasuudhaan fayyaa dubartootaa fooyyessuu irratti ni hojjetama. Guutummaa biyaattii karoora ulfaa sirriitti diriirsuudhaan nageenyi ulfaa fi da'iinsaa akka eegamu ni godhama.
- Bara 2002 tti uummanni biyyattii harki 85 fageenya (gara-garummaa) walakkaa kiiloo meetirii irratti bishaan akka argatu gochuudhaan humnaa fi yeroo dubartootaa fi shamarranii qusachuu,
- Baadiyyaatti dubartootaaf carraa hojii xixiqqoo banuu,
- Karoora hojii baballa keessatti dubartootaaf xiyyeffannoo kennuudhaan eksteenshinii qonnaa liqaa xixiqqaa kennuun isaa qabeenyaa uummama daldalaa xixiqqaa fi sochii wal fakkaatan irratti oomishtummaa isaanii guddisuu,
- Dhaabbilee carraa fi mirgoota dubartootaa mirkaneessan fooyessuu,

2.3.5. Ijaarsa misooma bu'uuraa jajjabeessuu

A) Diriirfama Daandii

Akka karoora kanaatti amma bara 2002 tti daandiin harki 90 naanno baadiyyaa irratti xiyyeeffatee fi kiiloo meetirii 20,000 tti tilmaamamu haaraan ni hojjetama. Akkasumas daandiiwwan ammaan dura hojjetaman keessaa harki 84 haala gaariin faayidaa akka kennaniif ni suphamu. (guca waa'ee daandii lakk. 2 jalatti ilaala)

A) Dhiheessaa bishaan dhugaatii qulqulluu

Baadiyyaatti dhiheessaan bishaan dhugaatii qulqulluu ilaalchisee eelaawwan gadi fagoo 2133 eelaawwan gadi fageenya hin qabne 14, 908 eelaawwan harkaan qotaman 101, 355 haroo 404, iddoo kuusaa bishaanii 556 , burqaa 14 qopheessuu fi burqaawwan 11, 065 gabbisiisuun ni raawwatama. Itti dabalees hojiileen deebisanii ijaaruu 48 , 510 ni taasifama. Karoora kana keessatti guddinni diinagdee hojii dhuunfaa fi namoota harka qalleeyyii magaalaa jiraatan fooyyessuu, hojii suphuu fi diizaayinii bishaan magaalotaa 738 hojjechuu, magaalota 514 ijaarsa bishaan dhugaatii raawwachuu magaalota 228 tiif hojiin ijaarsa bishaan dhugaatii dulloomanii suphuun karoorfamee jira.

B) Dhiheessaa humna elektiriikaa

Karoora waggaa 5 kana keessatti kuusaa bishaan gurguddoo 5 ijaaruudhaan dandeettii madda humna elektiriikaa gara meggaa waattis 668 guddisuun waliigalaatti tajaajila humna elektiriikaa harka 3 dabaluun karoorfamee jira. Bara 1997 tti humna elektiriikaa dhibbantaan 16 ture dhuma karoora kanaatti gara dhibbentaa 50 tti guddisuudhaaf karoorri ba'ee hojjetamaa jira.

C)Telekoomunikeeshinii

Telekoominikeeshinii ilaalchisee investeroota gamtaan hojjechuu danda'an hawaachuudhaaf sochiin guddaan taasifamaa jira. Bara 1997 jalqabee hanga bara karoora kanaatti guddinni armaan gaditti argaman ni mirkanaa'u jedhamee amanama. Fayyadamtoota telefoona idilee 6 , 020 gara miliyoona 3.23 guddisuuf maamiltoota moobilii (Micirbilee) 410, 000 gara miliyoona 6.76 olitti guddisuu akkasumas maamiltoota interneetii 17,000 irraa gara 193,000 tti guddisuuf yaadameera.

2.3.6. Misooma humna namaa cimsuun itti fufuu

Mootummaan waggoota shanan dhufaniif misooma humna hojjetaa cimsuudhaa fi barumsa qulqullina qabu baballisuuf jabeessee hojjeta.

Carraa barumsaa ilaalchisuudhaan daa'imman keessumattu rakkinoota barnoota shamarranii daangeessan furuudhaaf ni hojjetama.

2.3.7. Carraa hojii babalisuu

- Gama carraa hojii baballisuutiin wantoota bu'uura ta'an lama hojjechuun Mootummaa irraa eegama.
- Guddina baayina uummataa too'achuuf oomisha humna nama baayyee barbaadan heddumminaan baballisuu waan ta'eefis karoora kana keessatti misooma baadiyyaa fi Indastriidhaaf daldala biyyaa laadhaaf, hojii ijaarsaa fi hojii humna namaa barbaadan kan biiroodhaafis tarsiimoonii fi xiyyeeffannoon addaa ni kennama. Dhaabbilee misooma giddu-galeessaa fi gadi aanaadhaafis xiyyeeffannoon ni kennama.

2.3.8 Sodaa fi tasgabbii dhabuu balaaf saaxilamuun fidu ittisuu fi irra aanuu

Balaaf saaxilamuun saadarkaalee sadan armaan gadii tiin ittifamuu danda'a:

- Sadarkaa qabeenya namaa tiin sababa oomishini hir'atuu fi dhibee tiin sadarkaa maatiittii rakkoo wabii nyaataa dhabuu hir'isuu;
- Sadarkaa hooggana qabeenyatti sababa gargaarsi arjoominaa hir'achuu tiin, gatiin boba'aa mi'aawuu tiin, hir'ina galii biyyaa fi sababoota walfakkaatan biroo tiin dhiibbaa bajata mootummaa irra ga'u hir'isuu; fi
- Walumaagalatti sadarkaa dinagdee byyaatti bu'aa ba'ii gama oomisha biyya keessaa irratti mullatu hir'isuu dhaan guddinichi itti fufiinsa akka qabaatuu fi haala hiyyuma hir'isuuf akka gumaachuttii akka ta'u gochuu.

Tarkaanfilee eeramaniif furmaata akka ta'uttis sadarkaa maatiitti akkataa oomisha midhaan gosa tokko irratti hundaa'ee hambisuu dhaan gosoota oomisha qonnaa baballisuu fi burqaalee galii qonnaa alaa uumuu (Diversification); daldala alaa isa gosoota oomisha murtaa'anii irratti hundaa'e oomisha biroo irrattis akka

xiyyeeffatamu gochuu; oomisha bonee baballisuu fi sadarkaa guutuu biyyatti akka gargaarsi wal irraa hin citne (kan tasgabbaa'e) jiraatutti haala mijeessuu.

3. **Waldaa Caasaa Diinagdee Karoorichaa Fi Ilaalcha Guddinaa**

3.1. **Misooma Diinagdee Waliigalaa**

Karoora misooma isa darbe keessatti dinagdeen waggaatti akka waliigalaatti dhibbentaa 6.4 guddina agarsiisee ture. Karoora kana keessatti ammoo akka waliigalaatti dhibbentaa 7 akka guddatu yaadamee jira. Karoora yeroo giddu-galeessaa keessatti haalleen investimantii jajjabeessaan uumuudhaafii pooliisiiwwan mijaawoo wixinuudhaan oomisha waliigalaa biyya keessaa guddisuu. Haala diinagdee waliigalaa tasgabbeessuu. Haala gatii bittaa fi gurgurtaa ol hin kaafneen dhiheessa maallaqaa babal'isuufi sharafa alaa tasgabbaa'ee akka jiraatu gochuu dha.

Karoora kana keessatti calla guddistoonni misooma qonnaa akka dabalaman ni godhama.

Hojiin karoora eksteenshinii fi bonee (jallisii) ni baballatu. Kutaan diinagdee misooma qonnaa waggaatti akka waliigalaatti dhibbentaa 6.2 ni guddata jedhamee eegama. Garuu kaayyoon kan fiixaan ba'uu danda'u poolisiin daldala gara alaatti ergamu babalisuun yoo hojii irraa ooleefii tajaajilli liqaa yoo babal'ate qofaa dha.

Investimantiin biyyaa kessaa akka waliigalaatti dhibbentaa 24 ni ta'a. akkuma oomisha guddataa deemeen qusannaa fi investimantii waan babalisuuf oomshini itti fayyadamaa (consumption) amma guddina tilmaamamee gaditti dabalaa deema. Qusannoon oomisha waliigalaa dhibbentaa 3.7 irraa gara dhibbentaa 13.1 akka guddatu ni yaadama.

A) Daldalli gara alaatti ergamu waliigala oomishaa dhibbentaa 20 tti guddisa jedhamee yoo eegamu daldalli gara keessaa seenu immoo dhibbentaa 31 gadi bu'a jedhamee eegama.

3.2. Galii fi baasii mootummaa

Xumura karoora kana irraatti galiin gibira waliigala biyyattii irraa argamu kan bara 1997 12.5 % irraa gara % 17 tti guddata jedhamee yaadama. Baasiin kaappitaalaa (dilbaa) waliigala oomisha biyyaa keessaa % 11.5 irraa gara % 16 tti akka guddatuuf baasiileen hiyyummaa hirrisuu irratti xiyyeefatan akka dabalan ni yaadama.

3.3. Daldala gara alaa ba'aniif suduuda (kallattii) investimantii alaa

Buna qofa gara biyya alaatti erguu irratti hundaa'uu hanbisuuf daldala gara alaa akaakuu fi hangaan baayisuudhaaf cimsuu irratti xiyyeffannoon ni kennama. Bunni yeroo murtaa'eef gara biyya alaatti ergamuudhaan iddoo guddaa qabatee kan ture yoo ta'e illee carraa daldala alaatti irra caalaa fayyadamuudhaaf kuduraa fi muduraa abaaboo, foon, gogaa,fi kallee gama oomishaalee huccuutiin daldala alatti ergaman guddisuuf tattaaffiin ni taasifama. Seera investimantii fooyyessuudhaan biyyoota alaatiif carraa investimantii fi sududa akka fayyadaman haala mimmijeessuu irratti ni hojjetama.

3.4. Kutaa diinagdee faayinaansii

Manneetiin baankii deemsa ammayyummaa qabacuuf dandeettii hojii akka fooyyessaniif ni jajjabaatu. Dabbattoonni dhuunfaa dhiheessaa faayinaansii fooyya'aatiin gargaaruun hojii itti fufu ta'a. dhuma karoora kanaatti baankooleen dhuunfaa maallaqa dilboo fi liqaa dhibbentaa 33 akka guddatan ni eegama. Baankiin biyyoolessa Itoophiyaa dandeettii ordoffii too'annaa akka cimu ni taasifama. Dhaabbileen liqaa fi qusannaa xixiqqaan baadiyyaa keessatti amma maallaqa kennamuu fi baayyina namootaa guddisuu irratti ni hojjetama.

3.5. Polisii (imaammata) maallaqaa

Kaayyoon poolisii maallaqaa inni guddaan gatii fi sharafa alaa tasgabbeessuu fi tibba karoora kanaatti daballiin (ol-ka'iinsi) gatii waliigala waggaatti % 18 akka hin caalle gochuudha.

3.6. Sirna bulchiinsa aangoo galii ummata irraa argamuu qoqqooduu

Kaayyoon to'annoo poolisii waggaa kan giddu-galeessa seera alaa hanqinni bajataa akka hin uumamne, kan akka qonnaa, wabii midhaan nyaataa fi barnootaaf daballiin bajataa ni taasifama. Hanqinni bajata oomisha waliigalaa % 6.5. irraa akka hin caalle ni taasifama.

Guddinni Industriiwwan qonnaadhaaf gabaa gara alaatiif oomishan akkasumas sirna gibira fooyyessuun galii Mootummaaf ni guddisa jedhamee eegama.

Gargaarsi hojjetaa Mootummaaalee naannoodhaaf godhamu fedhii baasii isaanii fi dandeettii baajataatti fayyadamuu isaanii hodeeffannoowwan madaalamu armaanii irratti hundaa'uudhaan yeroo yeroodhaan kan fooyya'anuu ta'a. Daandiileen baajataa waliigala isaaniif ramadamu dhiibbaa tokko malee fedhii baasii naannoo isaanii irratti hundaa'uudhaan tartiibaan ramadanii ittiin ni hojjetu. Dhuma karoora kana irratti naannoon hundumtuu shallaggiin raabsaa bajata aanaa ni qabaatu jedhamee ni eegama. Aanooleen galii aanaa isaanii keessaa argamu harka caalu faayidaa mataa isaanii irra akka oolchatan ni godhama. Shallaggiiwwan bajataa kun galii mataa ofii (kan aanaa) akka guddisuuf tattaaffii godhamuun ni jajjabeessa. Sirni oodiitii hordoffii fi too'annoo akka jajjabaatan taasifama.

4. Diinagdee fi karoora dameelee diinagdee

4.1. Qonnaa fi misooma baaiyyaa

Bu'uurota tarsiimaa oomisha qonnaa Itoophiyaa kenniinsa lafa qajeelaa fi itti fayyadama sirrii mirkaneessuu, karoora itti fayyadama lafaa baasuu fi hojii irra oolchuu, naannoolee oomisha qonnaa biyyittii of-jalatti aammatan sirni qooddaa fi gurgurtaa akka jiraatan gochuun barbaachisa.

Qotee bultoonni fi horsiisee bultoonni hojii faayidaa gaarii irraa argatan akka hojjetanii fi Mootummaan deeggarsa godhaaf. Yeroo ammaa kana

qorannoo lafa qonnaa irratti hundaa'uudhaan biyyattiin naannolee godina adda addaatti ja'aatti qoodamteetti.

Naannoo Xaanaa Balaa 2. Dirree Dawaa giddu galeessa godhachuudhaan Harargee Bahaa fi Lixaa, 3. Naannoo Sululaa , 4. Naannolee Kibba Lixaa 5, Naannoo Finfinnee, 6. Misooma naannoo giddu-galeessa buufataa fa'i. naannolee guddina kunneen akka giddu-galeessa guddinaatti kan tajaajilan yoo ta'u oomishaaleen naannolee kanneen irraa argaman sadarkaa gabaa addunyaatti akka dhihaatan gochuuf deeggarsi barbaachisaan ni taasifama.

4.2. Barnoota

Kaayyoon waliigalaa sagantaa misooma barnoota 3^{ffaa} (ESDP III) (1998 – 2002 A.L.H.) Misooma jaarraa kana galmaan ga'uuf karoora misooma biyyoolessaa fixaan baasuudhaaf humna hojjetaa ga'umsa qabu leenjisanii baayyinaan dhiheessuudha.

(Barnoota sadarkaa 1^{ffaa} miiltoo lakk. 3 irraa ilaalee)

4.3. Fayyaa

Karoorri kun dhukkuboota hiyyummaa wajjin wal qabatan, dhukkuboota daddarboo kan akka Eedsii, dhukkuboota Sombaa (Naqarsaa Sombaa) , busaa , dhukkuba garaa kaasaa fi dhibee harmoolii fi daa'imman huban irratti xiyyeeffata. Naannolee baadiyyaa keessatti karoorri kun irra caalaa xiyyeeffannoo kan argatu yoo ta'u tajaajila adda addaa buufataalee dhaabbattootaaf kennaman cinaatti tajaajila araddaa fi maatii kennuun ciminaan itti fufa.

1^{ffaa} tti dabalees bakka eegumsi fayyaa itti kennamu marti garagartummaan saalaa gidduutti akka hin uumamne ni taasifama. (bal'inaa fi xalayaa geggeessituu lakk. 4 ilaalaa)

4.4. Tuurizimii

Tuuriizimiin hanga yoonaatti haala ga'umsa qabuun kan faayidaa hin kennine ta'u illee karoora kana keessatti xiyyeeffannoo kennuun irratti

hojjetame keessaa isa tokko. Mullinni Mootummaa inni dheeraan bara 2012 tti Itoophiyaa biyyoota Afriikaa Tuuriizimiin beekaman kurnan keessaa ishii tokko akka taatu gochuu yoo ta'u, sochii hiyyummaa hirisuu keessattis tuuriizimiin gahee guddaa akka gumaachu taasisuudhaaf.

4.5. Misooma albuudaa

Dame kana keessatti karoora tarsiimootiin kaayyoo naannoo qorachuu guddisuun, haalawwan mijaa'oo uumuun, qo'annoo bishaanii fi daandii akkasumas qo'annoo saayinsii adda addaa geggeessuun galmeewwan tekinika hojii fooyyessan qopheessuun deeggarsa teekiniikaa gochuun , leenjii kennuu fi dhaabilee gorsitootaa dhaabuun barbaachisaa dha.

4.6. Waa'ee ummataa fi misoomaa

Guddinni baayyina uummataa (waggaatti miliyoona lama dabaluun isaa) qabeenyaa irratti dhiibbaa waan fiduuf hiyyummaa hirisuudhaaf gufuu dha. guddinni baayyina uummataa hir'isuun eegumsa fayyaa dubartootaa fi daa'imanii irratti dhiibbaa fida. Da'umsi baayyachuunii fi duuti xiqqaachuun baayyinni uummataa akka dabalu godheera. Dubartiin tokko akka waliigalaatti daa'imman dhibbeentaan 5.4 ta'an deessi. Guddinni daa'iman dhalataniis dhibbentaan 2.73 dha. haa ta'u malee namoonni maatii baayyee qabaachuu waan hin feeneef itti fayyadamanii malawwan ulfa ittisan fooyya'aa dhufeera. Kanaafis Finfinnee keessatti lakkoofsi daa'iman dhalatanii hir'achaa dhufeera. Poolisiin baayyina uummataa immoo bara 2015 tti baayyina daa'iman dhalatanii dhibbentaa 5.4 irraa gara dhibbentaa 4 tti gadi buusu. Malawwan da'umsa ittisaniitti fayyadamuu dhibbentaa 44 n guddisuuf du'a harmoolii fi daa'imanii ittisuu irratti xiyyeeffateera.

4.7. Misooma bu'uraa

4.7.1. Dhiheessaa bishaanii fi eegumsa qulqullinaa

Kaayyoon karoora kan bara 2002 tti dhiheessaa bishaan dhugaatii qulqulluu akka armaan gadiitti fooyyessuudha.

Bishaan dhugaatii qulqulluun yeroo ammaa kana kiiloo meetirii 1.5 irratti argamu dhibbeentaa 44 irraa gara 80 tti guddisuu. Akkasumas jiraattonni magaalaa bishaan dhugaatii qulqulluu kiiloo meetirii walakkaa irratti dhibbeentaa 80.6 irraa gara dhibbeentaa 92.5 tti guddisuuf karoorfamee jira. 1^{ffaa} tti dabalees itti fayyadama jal'isii amma dhibbeentaa 5 irra jiru gara dhibbeentaa 8 tti ol guddisuuf itti yaadamaa jira. Manneen fincaanii ilaalchisee bara dhumaa karoora kanatti manneetii fincaanii baballisuudhaan baadiyyaatti itti fayyadama manneen fincaanii dhibbeentaa 17.5 irraa gara dhibeentaa 79.8 tti guddisuu akkasumas manneen fincaanii magaalaa dhibbeentaa 50 irraa gara 89.4 tti ol guddisuuf xiyyeeffannoo argatee jira.

(Bal'inni isaa xalayaa geggeessituu lakk. 5 irraa ialaalaa)

4.7.2. Humna elektiriikii fi telekominikeeshinii

Dandeettii maddisiisa humna koorpooreeshinii Elektiriikii Itoophiyaa Meeggaa Waatisii 791 irraa bara 2002 tti gara Meeggaa Waatisii 2,218 tti guddisuudhaan tajaajila ibsaa harka 3 n dabaluuf karoorfateera.

(Telekoominikeeshinii ilaalchisee xalayaa geggeesituu lakk. 6 ilaalaa)

4.7.3. Misooma industrii

Karoora kana keessatti dameen diinagdee Indestrii Itoophiyaa waggaa waggaatti dhibbeentaa 11.5 ol guddachuudhaan waliigala oomisha biyyattii dhibeentaa 13.6 irraa dhuma karoora kanaatti gara dhibeentaa 16.5 tti guddisuuf kaayyeffameera.

5. Ijaarsa dandeettii hojii raawwachiiftuu

Itoophiyaan yeroo ammaa kana mirga lammummaa seerri biyyattii uummataaf kennu haala kabachiisuu dhaaf bulchiinsa Dimokiraatawaa argamsiisuudhaaf kutannoo qabdu aragsiisitee jirti. Kanaafuu karoora misoomaa haalaan hojii irra oolchuudhaaf tarsiimolee garagaraa fi sagantaalee faaya'iinsaa wixinuudhaan akkaataa gaariin socho'aa jirti.

5.1. Ijaarsa dandeetii aanaa baadiyyaa

Karoora kana keessatti bulchiinsi aangoon qoodamee sadarkaa aanaatti jabeessuudhaaf dhimmoonni xiyyeeffannoo argatan kan armaan gadiiti:-

- Barbaacha humna namaa (hojjetaa) aanaalee adda baasuu
- Dhaabbilee sadarkaa aanaatti wal gurmeessuudhaaf dandeettii qaban diddiriirsuu
- Sirna uummata bal'inaan hirmaachisuu danda'u jajjabeessuu,
- Waliigala ramaddii bajata aanaa itti fayyadama isaa fi sirna too'annoo isaa fooyyessuu, akkasumas qophaa'insaa fi raawwii karoora aanaa cimsuu,
- Tajaajila iftoominaa fi itti gaafatamummaa qaban qopheessuu fi mala ittiin ilaalcha madaalan qopheessuu,
- Dandeettii raawwii gandaalee (araddaalee) gama hundumaan ijaaruu.

6. Eegumsa Naannoo Fi Misoomaa

Dhimmi inni guddaan itti fufiinsa naannoo argamsiisuu yoo ta'u dameeleen eegumsa naannoo warren gurguddoon kana armaan gadiiti:-

A) Jireenya itti fufiinsaa fi naannoo baadiyyaa fooyyeessuu,
B) Sirna/akkaataa hojii quttuu (xurii) qabuu fi gatuu fooyyessuu fi faalama naannoo ittisuu;
C) Misooma hawasummaa fi diinagdee itti fufiinsa naannoo irratti xiyyeeffate.

7. Mala karoora misooma kana ittiin too'atanii fi madaalan

Malli sirna karoora misooma kana ittiin too'atanii fi madaalan kanneen armaan gadii of keessatti qabata.

- Qo'annoo addaa geggeessuu,
- Dhiheessaa calla guddistuu fi ragaalee firii argamee ittiin madaalame qopheessuu
- Mala hiyyummaa balleessuu haala nama hundaa hirmaachisuun hojii irra oolchuu .
- Odeeffannoo sadarkaa waajjira Minsteerotaatti argamaniif Mootummoota naannoo irraa argamanitti fayyadamuu.

Burqaalee armaan olitti caqafaman malees odeeffannoo hawaasa siviilii irraa argaman (PANE) fkn kaardii gabaasa uummataa fi kan biros fayyadamuun faayidaa qabeessa.

Miiltoo lakk. 1: Galma gurguddoo karoora misooma waggaa shanii 5

(Targets)

Sektara/kutaa/galma ykn mul'iftuu galmaa	**Dhuma bara 1997tti guddina ture**	**Galma karoora waggaa 5 (xumura bara 2002tti eegamu)**
Waliigala dinagdee		
Waliigala guddina (GDP)oomisha biyya keessaa	10.6	Yoo xinnaate guddina %7 (waliigala waggaa)
Gahee investimantii biyya keessaa oomisha waliigala biyya keessaaf qabu (dhibbeentaan)	20.5	26.1
Gahee qusannoo biyya keessaa waliigala oomisha biyya keessaaf qabu (% dhaan)	3.7	13.1
Gahee waliigalli daldala biyya alaatti ergamu oomisha biyya keessaaf gabaa yeroo sanaatti gumaachu (% dhaan)	15.8	19.7
Gahee daldalli gara biyyatti seenu waliigala oomisha biyya keessaaf gabaa yeroo sanaatti qabu (% dhaan)	34.3	31.7
Gahee galiin biyya keessaa waliigala oomisha biyya keessaaaf gabaa yeroo sanaatti qabu (% dhaan)	15.8	18.7
Gahee galiin qaraxaa (taxes) oomisha waliigala biyya keessaaaf gabaa yeroo sanaatiif gumaachu (% dhaan)	15.8	18.7
Gahee galiin qaraxaa waliigala oomisha biyya keessaaf gabaa yeroo sanaatti gumaachu (% dhaan)	12.5	17
Gahee baasiin waliigalaa mootummaa oomisha waliigala biyyaa keessaaf gabaa yeroo sanaatti gumaachu (% dhaan)	25.2	27.0
Gahee baasiin hiyyuma hirrisuu irratti xiyyeeffate waliigala oomisha biyya keessaaf gabaa yerootti qabu (%dhaan)	14.2	22.5
Gahee baasiin dilboo (kaappitaalaa) waliigala oomisha biyya keessaaf gabaa yerootti gumaachu (% dhaan)	11.8	15.8
Haala nageenya jireenyaa		
Baayyina ummataa sarara hiyyummaa tiin gadi keessa jiraatu (% dhaan)	39	29

Baayyina ummata sarara hiyyuma nyaataa tiin gadi jiraatu	38	28
Qonnaa		
Guddina gatii (value) dabalataa kan qonnaa dimshaashatti (waliigalatti) (% dhaan)	13.4	6.2 (waliigala waggaatti)
Gahee qonnaa fi kanneen qonnaan wal qabatan oomisha dimshaasha biyya keessaaf (GDP) qabu (% dhaan)	46.2	43.9
Oomisha midhaanii gurguddoo (toonii miliyoonitiin)	16.7	38.2
Oomisha foonii (meetrik toonii 1000n)	566	837
Foon gara alaatti ergamu (meetrik toonii 1000n)	8	62
Indastirii		
Guddina gatii (value) dabalataa kan indastirii (% dhaan)	8.1	11.5 (waggaatti)
Gahee indastiriin dimshaasha oomisha biyya keessaaf qabu (% dhaan)	13.4	16.5
Barnoota		
Qabiyyee barnota sadarkaa 1ffaa (kutaa 1-8) (GER)	79	100
Raawwii barnoota sadarkaa 1ffaa xumuruu (% dhaan)	34	63
Barnoota sadarkaa 1ffaa keessatti reshoo durbootni dhiiraaf qaban	0.84	0.97
Cindii ga'umsa kitaaba barattootaa	2:1	1:1
Baayina dhiiraa fi dubaa barnoota sadarkaa duraa kutaa tokko keessatti qaban	1:69	1:50
Baayyina barataa kutaa tokkoo keessaa barnoota addaan kutan (% dhaan)	22.4	6.3
Fayyaa		
Qabiyyee tajaajila fayyaa ((% dhaan))	70	100
Qabiyyee talaalii D.T. P. 3 (% dhaan)	61	80
Reshoo du'a daa'immanii	77/1,000	45/1,000
Reshoo du'a haadholii	871/100,000	600/100,000
Hanga tajaajilamtoota to'annoo da'umsaa (% dhaan)	15	80
Hanga namoota HIV/AIDSiin dhibamanii (% dhaan)	0.56	0.52
Reshoo hadholii ogeessaa fayyaa baratee tiin gargaaramanii da'anii (% dhaan)	9	32
Bishaan		
Argamuu bishaan dhugaatii qulqulluu (baadiyyaatti) fageenya km 1.5 irrattii	35	80

Argamuu bishaan dhugaatii qulqulluu (maatti) fageenya km 0.5 irrattii	80	92.52
Daandii		
Daandiiwwan (km) kaaree meetira 1000)	33.2	54.1
Daandii haala gaariirra jiru (% dhaan)	64	84
Daandii bonaa gannaa ga'uuf yeroo fudhatu (sa'aa tiin)	5	3.2
Ibsaa (elektirika)		
Tajaajila ibsaa (% dhaan)	16	50
Magaalota tajaajila ibsaa argatan (lakkoofsaan)	648	6,000
Telekomunikeshinii		
Tajaajila telekomunikeshinii (km 5niin) (% dhaan)	6	100
Araddaalee (gandoota) tajaajila telekomunikeshini argatan (lakkoofsaan)	3,000	15,000
Ballina (density) fayyadamoota bilbila mobayilii (micirbilee) (% dhaan)	0.56	8.1
Ballina fayyadamtoota bilbila idilee (% dhaan)	0.85	3.87
Nama tajaajilli telekomunikeeshinii dhiyeenya isaatti argamu (rediyesii km5 gidduutti)	6	160
Baayyina fayyadamtoota bilbila idlee (miiliyoonaan)	0.62	3.23
Baayyina fayyadamtoota mobayilii (micirbilee) (miiliyoonaan)	0.411	6.761
Baayyina fayyadamtoota interneetii (lakkoofsaan)	17,375	193,100
Albuuda		
Kaartaa ji'olojii baballisuu (% dhaan)	38	53
Guddina haydirolojii baballisuu (% dhaan)	27	42
Ballina ji'olojii injiinaringii guddisuu (% dhaan)	7	15
Baballina ji'o fiiziksii gudisuu (% dhaan)	65	80
Misooma magaalaa		
Hojii dhabdoota hir'isuu (magaalaa jiraattota 50,000 ol qabaniif) (% dhaan)	40	20
Mana jireenyaa fi tajaajila bu'uraa dhiheessuu (% dhaan)	30	65
Ijaarsa manneen jireenyaa haarawaa lakkoofsaan (% dhaan)	-	100,000 (waliigala waggaatti)
Hanga misooma bu'uraa lafaa fi tajaajila kennamu	-	Hektaara 3,800 (walig. waggaatti)

Naannoolee miidhamanii fi dhiphatan (cinqaman) xiqqeessuu (% dhaan)	70	35
Dhaabbata daldalaa gad aanaa fi xixiqqaa guddisuu (lakkofsaan)	-	12,000 (waliigala waggaatti)
Daladala meeshaalee alatti erguu		
Daldala biyya alaatti ergamu		
Galii oomisha qonnaa gara alaatti ergamu irraa argamu (doolaara miliyoonaan)	546	1515
Galii damee indastirii xiqqaa biyya alaatti ergamu irraa argamu (doolara miliyoonaan)	63.73 (gogaa bu'aa gogaa)	500
Galii gama albuudaa tiin argamu guddisuu (birrii Itophiyaatti miliyoonaan)	20	44.7

Miiltoo lakk. 2: <u>Galmeelee karoora misooma damee daandii waggaa 5</u>

Kaayyoolee	**Argisiiftuuwwan**	**Bara 1997tti kan ture**	**Waggaa jalqabaa 1998**	**Waggaa 2ffaa 1999**	**Waggaa 3ffaa 2000**	**Waggaa 4ffaa 2001**	**Waggaa 5ffaa 2002**	**Burqaalee mirkaneessan**
1. daandii waligeessisuu (increased accessibility)	-daandii bonaa fi ganna deemsisu ga'uuf sa'atii fudhatu hirrisuu (sa'atiin)	5	4.9	45	4.1	3.6	3.2	gabaasaalee misooma daandii
	- daandii bonaa fi ganna deemsisan irraa lafa sa'atii 5 ol fudhatu hirrisuu (% dhaan)	72	71	69	67	63	59	gabaasaalee misooma daandiiwwanii
	- daandii bonaa fi ganna deemsisan irraa lafa sa'atii 2 ol fudhatan hirrisuu (% dhaan)	88	87	86	85	83	81	gabaasaalee misooma daandiiwwanii
2. Walitti dhiyeenya daandii guddisuu (increased road network density)	Daandii umataa dabalatee daandiitti dhiheenya (kaare km/1000)n	33.6	34.9	37.8	41.7	47.5	54.1	gabaasaalee misooma daandiwaanii
	Daandii umataa dabalatee daandiitti dhiheenya (kaare km/namoota 1000)	0.51	0.51	0.54	0.59	0.65	0.72	gaabaasaalee misooma daandiiwwanii
3.Haala diriirfama daandii	Gahee daandii haala fudhatama qabuun jiru	64	66	71	75	80	84	Gabaasaalee misooma daandiiwwanii

	Gahee bajatni suphaaf ramadamu bajata dimshaasha misooma daandii keessaa qabu	22	24	26	28	30	32	Gabaasaalee misooma daandiiwwanii
4. daandiiwwan haarawaa hojjetaman	Daandiiwwaan xixiqqoo dabalatee kanneen haarawaa kan federaalaa fi naannooleetti hojjetaman (km-raan)	552	1367	3160	4362	6354	7214	gabaasaalee pirojekttii
5. Ijaarsa abbootii	Ijaarsaa fi suphaa daandii keessatti gahee abbootii qabeenyaa (% dhaan)	60	75	80	85	85	85	gabaaaalee raawwii hojii
6. Sochii tiraafikii fi shaqaxaa guddisuu	Fageenyaa waliigalaa konkolaattotni waggaatti deeman (km/miliyoonaan)	5.604	5.884	6.178	6.487	6.811	7.151	Gabaasaalee qo'annoofi sochii tiraafikii

Miiltoo lakk. 3: <u>Galmaalee karoora misooma barnoota sadarkaa 1ffaa</u>

Galma (goal)	Agarsiiftota (Indicators)	1997	1998	1999	2000	2001	2002
Hirmaannaa barnoota sadarkaa 1ffaa guddisuu	Hirmaannaa* qulqulluu barnoota sadarkaa 1ffaa marsaa 1ffaa (Net Enrollment Rate)	67.6	70.6	74.6	78.6	82.6	86.6
	Dhalaa (dubra)	65.1	68.3	72.3	76.3	80.3	84.3
	Dhiira	69.9	72.9	76.9	80.9	84.9	88.9
	Hirmaannaa* qulqulluu barnoota sadarkaa 1ffaa marsaa 2ffaa (Net Enrollment Rate)	33.9	39.9	45.8	51.8	57.8	63.8
	Dhalaa	29.4	35.3	41.3	47.3	53.3	59.3
	Dhiira	38.3	44.0	55.0	56.0	62.0	68.0
Barnoota addaan kutuu hir'isuu	Reshoo baroota sadarkaa tokkoffaa addaa kutuu	22.4	19.1	15.9	12.7	9.5	6.3
Reshoo barnoota sadarkaa 1ffaa xumuruu guddisuu	Reshoo barattoota kutaa 5 xumuruu	57.4	78.4	77.8	88.7	121.1	136.6
	Reshoo barattoota kutaa 8 xumuruu	34	39	42	45	58	63
Reshoo barsiisaa fi barattootaa (Pupil/Teacher Ratio) sadar. 1ffaa hir'isuu	Sadarkaa 1ffaa marsaa 1ffaa (1-4)	71	69	65	61	58	63
	Sadarkaa 1ffaa marsaa 2ffaa (5-8)	55	55	52	50	47	45
	Sadarkaa 2ffaa (9-12)	78	70	63	55	48	40
Gosa barnoota gurguddoo irratti dhiyeessa kitaabilee fooyyessuu	Reshoo kitaaba barnootaa fi barattootaa (pupil/text book ratio)	2:1	1.5:1	1:1	1:1	1:1	1:1

*Hirmaannaa qulqulluu barnoota sadarkaa 1ffaa kan mullisu daa'imman dangaan umrii isaanii barnoota sadarkaa 1ffaa ta'e (waggaa 7 - 14) jiran keessaa gahee barattoota sadarkaa 1ffaa baratani agarsiisu dha.

Miiltoo lakk. 4: <u>Galmaalee karoora misooma damee fayyaa kan waggaa</u>

Agarsiiftota (Indicators)	**Bara 1997 waan irra jiru**	**Galmaalee (goals) dhuma bara 2002 tti**
Du'a daa'immanii	97/1000 bara 1996tti	45/1000
Daa'imman waggaa shanii gaditti du'an	140/1000 bara 1996tti	85/1000
Du'a harmoolii	871/100,000 bara 1996 tti	600/100,000
Resho dhukkuba sombaa fayyisuu (% dhaan)	76%	85%
Talaallii D.P.T 3 (% dhaan)	70%	80%
Namoota ittisa da'umsaatti fayyadaman (% dhaan)	15%	60%
Dubartoota gargaarsa ogeessota fayyaa barataniinii tiin da'an	9%	32%
Wallaansa deddeebii tiin tajaajila nam tokkee	0.3%	0.6%
Naannoolee busaa/buseef saaxilaman keessaa reshoo maatii agoobara lamatti fayyadaman (%dhaan)	1%	100%
Reshoo ogeeyyii fayyaa fi ummataa (dooktera/ummata)	1: 26,527	1: 2,500
Reshoo hojjettoota ekistenshinii fayyaa fi ummataa	1:25,000	1: 2,500

Miiltoo 5: Galmaalee karoora misooma qabeenya bishaanii

Agarsiistuu	1998	1999	2000	2001	2002
Dhiheessa bishaan dhugaatii qulqullu (umata dimsh. keessaa % dhaan)	51.5	60.4	68.8	76.8	84.5
Ummata bishaan dhugaatti baaddiyyaaf dhihaate argatu (naannoo km 1.5 keessatti) (% dhaan)	44	53	62	71	80
Ummata bishaan dhugaatii magaalaafaaf dhihaate argatu (naannoo km 0.5 keessatti) (% dhaan)	80.6	83.5	86.1	89.2	92.5
Misooma ijaarsa hidhaa bishaan bonee giddu galeessaa fi ol aanaa (hektaaraan)	72,550	116,432	63,088	43,965	23,645
Hojii irra oolchuu fooyya'ee fi suphaa (burqaalee bishaanii baadiyyaatti tajaajila hin kennine)	30	25	20	15	10

Miiltoo lakk.6: Galmaalee karoora misoomichaa keessatti damee telekoomii filatamanii

Argisiistota (Indicators)	Bara ka'umsaa (1997)	Dhuma waggaa 5tti waan irra ga'amu (2000)
Reshoo fageenya km 5 keessatti ummata tajaajila telekomunikeshinii argatu (% dhaan)	13	100
Reshoo sarara bilbila idlee maamiloota wal qunnamsiisuu	0.85	3.87
Reshoo sarara bilbila mobayilaa maamiloota wal qunnamsiisuu	0.56	8.1
Baayyina maamiltoota internettiitti tajaajilamanii	17,375	193,100
Baayyina araddaalee (gandawwan) sarara bilbilaa argatan (xinaate sarara 5)	3,000	15,000

Galma Misooma Barkumee

Galma 1: Hiyyuma gadadoo fi beela balleessu;
Galma 2: Barnoota sadarkaa duraa hundaaf mirkaneessuu;
Galma 3: Walqixxummaa korniyaa ol guddisuu fi dubartoota aangessuu;
Galma 4: Lakkofsa daa'imman du'uu danda'anii gad-xiqqeessuu;
Galma 5: Fayyaa haadhotii fooyyessuu;
Galma 6: Dhibee HIV/AIDSii, busaa/busee fi kanneen biroo balleessuuf qabsaa'uu;
Galma 7: Naannoon akka hin mancaanetti bifa gaariin eeguu; fi
Galma 8: Gamtaa misoomaa addunyaa guutuu ol guddisuu.

Millennium Development Goals

Goal 1: Eradicate extreme poverty and hunger

Goal 2: Achieve universal primary education

Goal 3: Promote gender equality and empower women

Goal 4: Reduce child mortality

Goal 5: Improve maternal health

Goal 6: Combat HIV/AIDS, malaria and other diseases

Goal 7: Ensure environmental sustainability

Goal 8: Develop a global partnership for development

Networkii (Hojii Qindaa'e) Tarkaanfii Hiyyuma Irrattii Itophiyaa (NTHII/PANE)

Networkii (Hojii Qindaa'e) Tarkaanfiin Hiyyuma Irrattii kan hawaasa sivilii (burgeessa) Itophiyaa (NTHII/PANE) biyyattii kessatti networkii (hojii qindaa'e) kan hundaa olii ti. Kan dhaabbatni kun irratti bobba'e dhaabbilee hawaasa sivilii (DHS/CSOs) adeemsa tarsiimoo hiyyummaa hir'isuu (imammata baasuu, hojiirra oolachuu fi hordoffii fi qorannoo) irratti hirmaachisuu dha. PANEn gama qorannoo (research), imammata secca'uu (analysis), akka cimutti gaarummaa isaa ibsuu fi odeeffannoo wal jijjiiruu tiin PRSPsoota fi adeemsa imaammata biroof yaada kaka'umsaa itti uumuu kaayyo godhatee jira. Miseensotni PANE ballinaan hawaasa sivilii keessaa kan walitti dhufani dha. PANEn guutuu Itophiyaatti qooda (boqqonnaalee) naannoo qaba.

Mul'ata PANE

PANEn hiyyumni gadadoo (gaddisiisaa) badee ummata Itophiyaa kabajaa fi walabummaa dhaan jiraatu arguuf hawwa.

Ergama PANE

Akkaataa adeemsa mirgoota namaatti fayyadamuu dhaan networkichi kanneen armaan gadii hojjeta:

Yaada namoota hiyyoomanii aanga'oota murtii kennan dhageessisuuu fi itti gaafatamummaa waliiniii dhogoomsuuf jecha hawaasni sivilii, mootummaa fi arjoomtotni caalaatti hiyyeessaaf itti gaafatama akka fudhatanitti lammiiwwan biyyaa imaammata baasuu, hojiirra oolchuu, hordofuu fi qorannoo keessatti ciminaan akka hirmaatanitti aangessuu.

Kaayyoolee PANE

Kaayyoleen networkichaa waliigalaa kan dhaabbataan walsimate akka armaan gadii ti:

- √ Imammatoota misoomaa hiyyeessa deggaran akka qopheeffamanittii jajjabeessuu;
- √ Gartuuleen hawaasa sivilii imaammata baasuu, hojiirra oolchuu fi qorachuu irratti hirmaannaa cimaa isaan qaban dhugoomsuu;
- √ Yaadni hawaasa sivilii fi gartuuleen balfamanii gara imammata baasuuttii akka dhufutti hirmaannaa filannoo biyya bulchuu isaanii cimsuu fi ijaaruu;
- √ Michummaa dhaan mootummaa fi arjamtoota wajjin hojjechuu cimsuu; fi
- √ Hiyyuma hirrisuu irratti hojjechuuf dandeettii dhaabbilee hawaasa irratti hundaa'anii fi mootummaa naannoo guddisuu.

Teessoo PANE

Poverty Action Network of Civil Society Organizations in Ethiopia (PANE)
Bilbila: +251-011- 663 59 65
+251-011- 663 94 28

Faksii: +251-011- 663 96 79
L.S.P: 2433 Kodii 1250
e-meyilii: www@ETHIONET.ET
(binnoo) website: www.pane.org.et
Finfinnee (Addis Ababaa), Itophiyaa